



Waan nuyi dhageenye

**Sagantaa Riqicha Lixa Siyaatil:
Gudunfaa Biragahiinsa Hawaasaa fi Biiznasii**

Arfassaa/Ganna 2021



Seattle
Department of
Transportation

Tooftaa keenya

Riqichi High-Rise Lixa Siyaatil kun riqichoota Magaalattii keessaa baay'inaan tajaajila kennu dha. Giddugaleessaanis guyyaatti konkolaattota. 84,000 fi konkolaachiftoota tiraanzitii 19,000 keessummeessa; akkasumas Laga Duwamish irra quunnamtii murteessaa ta'e kennaa jira. Cufamuun riqichichaa goolama tiraafikaaf sababa kan ta'e yommuu ta'u; fedhii hawaasa naannichaa dabalee jira.

February hanga April 2021'tti, Qajeelchi Geejjibaa Siyaatil, 'Department of Neighborhoods', ECOSS, fi Ejensiin Vida fa'a, jiraattotaa fi biizhasiiwwan sababa cufamuu Riqicha High Rise Lixa Siyaatil Lixa Siyaatiliin dhiibbaan isaan irra gahe waliin marii gartuuwwan xiyyeeffannoo 10 fi haasawaa tokko-tokkoo 60 ol adeemsifnee jirra. Nuyi addatti biiznasiwwanii fi miseensota hawaasaa barsiifataan tajaajila gahaa hin argatiin, akkasumas hojjetoota ijoo fi namoota dhuunfaa waldhaansa lubbuu baraaruu fudhachaa jiran irratti xiyyeeffanna.

Mariwwan kunneenis 'takeaways' fi yaadolee furtuu ta'anitti kan qindaawan ta'ee tarkaanfileen keenya itti aananii karoorfamaniiru.

Furtuuwwan Barbaacha Daandii

Sanada kana barbaaduuf akka gargaaru, 'icons' kanneen ilaalaa:



Fudhannaa furtuuwwanii



Tarkaanfilee itti aanan

Gabaasa kana afaanota armaan gadiin dubbisuuf kan armaan gadii irratti cuqaasi:

[Chaayiniffa](#)

[Khmer](#)

[Kooriyaa](#)

[Afaan Oromoo](#)

[Ispaanish](#)

[Somaaliffa](#)

[Afaan Veetnaam](#)

irratti bobba'an:

- Abbootii qabeenyaa biiznasii xixiqqaa
- Gurraacha, Indijinas, ykn namoota didiimoo biiznasiwwan qabanii fi sochoosan
- Konkolaachiftoota Ride-hail
- Riistoraantota
- 'Landscapers'
- Ogeeyyii boombaa bishaanii
- Giddugalawwan jireenyaa gargaarsi taasifamuuf
- Jaanitaroota
- Mana Miidhaginaa Qeensaa fi Rifeensaa
- Hojjetoota Oddoola Harbor bu'uureffatan
- Dhiyeessitoota nyaataa fi tajaajila hawaasummaa

Awutriichin Afaanotaa (Languages): 'tti adeemsifame:

Chaayiniffa (Loqodoota Kaantones & Mandariin)

Kooriyaa

Ispaanish

Afaan Veetnaam

Khmer

Afaan Oromoo

Somaaliffa

Waan nuyi dhageenye



1. Lixni Siyaatil akka waan oddoola taatetti akka isaanitti dhaga'amu Miseensotni Hawaasaa ni dubbatu

Jiraattotni hedduun akka jedhanittis, ka'umsa weerara COVID-19'tiin sababa cuccufamuu tiraafikaa yeroo dheeraaf turuun fi daandii jijjiirraarra imala dheeraa taasisuun akka addatti qoodaman fi maatii isaaniirraa akkasumas kutaa magaalattii biroorraa akka adda citan yaada isaanii qoodanii jiru. Dhiibbaa ilmaan namootaa kan cufiinsa Riqicha Lixa Siyaatil hubatanii jiru:

- Dasbaluu sochii tiraafikaa, dagannoon konkolaachisuu fi dhiibbaawwan fayyaa sarara imala jijjiirraa daandii.
- Gufuwwan iddoo hojii gahuu, iddoo tajaajilawwanii gahuu, beellamoota doktoraa, fi kunuunsa daa'ima yeroo isaa eeggate; dabalii baasii boba'aa, akkasumas tarsa'uu fi ququnca'uu konkolaataa.
- Dhiibbaa hojii altaawaa sababa barfatanii gahuun dhufu, addatti, warra ijoollee kanneen cufamuu tajaajila kunuunsa fayyaa daa'immanii dursanii hojiirraa bahuun isaanirraa eegamu.
- Sa'aatii hedduun daandii tiraafikaa irratti dabarsuu jechuun maatii, iddoo qopheeffachuu, hirribaa, nageenya waliigalaaf yeroon qabnu ni xiqqaata jechuu dha.
- Sababa dabalammuu faginaa fi kennitoota tajaajilaa Laga Duwamesh'tti argaman bira gahuuf jiruun namootni murtaa'an kunuunsa fayyaa argachuuf yeroo dheeraaf ni eegu.

"Konkolaachiftootni caalaatti amala namaan loluu agarsiisu, namoota saaykiliif oofaniif, ykn lafoo/miilaan deemaniif kabajaa hin qaban. Carraa dhabuu ta'ee, haadholii daa'imman waliin daandii qaxxaamuran kanan arge yommuu ta'u, konkolaachiftootni ammoo dhugumatti isaaniin ni lolu.... Kunis basay'ee balafamaadha natti fakkaata."
- Hirmaataa Spanish Focus Group

"Maatiin koo gara Lixa Siyaatil dhufuurraa baay'ee dudduubatti jedhu. Dhiibbaan maatii ilaaluu fi quunnamticha eeguu nurra jira. Dandeettii miseensota maatii ilaaluu keenya irratti dhiibbaa qabatamaa kan geessise yommuu ta'u; hariiroowwan kanneenis dhiibbaa keessa galchee jira."


- Jiraataa Delridge



Waa'ee dhimma kanaa maal akka hojjechaa jirru

- Tiraafikii walakkeessa- 2022'tti deebisuuf high bridge suphuuf saffisaan hojjechaa jirra.
- Namoota sagantaa qe'ee naannoo manaa fi daandii lafoorra imalanii fi saaykiliin deemaniif dhimmoota eegumsa nageenyaa furuu.
- Namootni tooftaalee gara garaa fayyadamanii Laga Duwamish akka cehan sagantaalee qopheessuu fi qabeenyaalee horachuu.
- Fedhii fi baniinsa 'signage' kan daandii jijjiirraa fi bidiruuwwanii madaalleerra.
- Itti fayyadama tiraanziitii jajjabeessuuf Duula Imala Lixa Siyaatil irra Utaaluu jedhu eegalchiifnee jirra.

Biiznasii keessanirra dhiibbaan haala kamiin irra gahe?



Fakkii 1: Deebiiwwan ibsaan deeggaraman yeroo afgaaffii nam tokko-tokkee

2. Biiznasiiwwan maamila dhabuu akkasumas baasiin sochii hojii biiznasii dabalusaa gabaasaa jiru

Haalota waliigalaa cufamuu riqichichaa eeruu, ijaarsa sarara jijjiirraa daandiiirra jiru, fi haleellaa weerara dhibee yeroo wal fakkaataatti uumame ilaalchisee biiznasiiwwan balii fi bira gahiinsa maamilaa ilaalchisee dhiibbaa al-taawaa akka qaqqabsiise gabaasaniiru.

- Sochiin dhiyeessii, Laga Duwamish irratti 'primary driver' kan tiraafika biiznasiiti, biiznasiiwwan hedduunis, mankuusaawwan Lixa Siyaatil irraa waan isaaniif barbaachisu bituu akka hin dandeenyetti hubataniiru.
- Ristoraantota hedduudhaaf, karaa meeshaalee turtiin tajaajilaa isaanii baay'ee gabaabaa ta'e dhabuun kun, keessumaa yeroo barfannaa dheeraa daandii jijjiirraa irra imalamutti kanneen konkolaattota kutaa callabbeessaa meeshaa;ee kanneeniin hin qabaataniif, baasii fi madda dhiphinaa dabalataa ta'eera.

"Raabsitoota gara Lixa Siyaatil dhufanii raabsuuf hayyamamoo hin taane nan qaba.."

- Abbaa qabeenyaa Deli Mart/Grocery

"Cufamuu riqicha sanaatiin galii fi maamiltoota keenya kanneen Sodo, ykn Georgetown irraa dhufan hedduu kan dhabne yommuu ta'u, kanaan booda hin dhufan. Sababa weerarichaa fi dabalataatiin (cufamuu riqichichaan) maamiltoota keenya gara dhibbeentaa 30-40 fi isaa ol ta'u dhabneerra."

- Abbaa qabeenyaa Riistoraantii Lixa Siyaatil

» Waa'ee dhimma kanaa maal akka hojjechaa jirru

- Yeroo ammaa kana ristoraantotaa fi biiznasiiwwaniif gara Low Bridge Lixa Siyaatilitti hayyama seensaa haala irratti hundaa'e kennameefii jira.

[Hayyama seensaa Low Bridge 'tiif miseensotni hawaasaa fi biiznasiiwwan as irratti cuqaasuu ni danda'u.](#)



3. Gargaarawwan hawaasaa hayyama seensaa gara he Spokane St. Swing Bridge ("low bridge"), addatti, hojjetootaa fi dhukkubsattoota muddamsaatiif baldhisaa jiru.

Irra deddeebbiin imala Laga Duwamish irraa akka fooyya'uu fi sochii tioraafikaa sararoota jijjiirraa daandiiirraa hir'isuuf deebii kennitootni dhimma uummataa hayyama seensaa gara low bridge babaldhisuuf fedha akka qaban ibsaniiru.

- Namootni hedduun waa'ee hayyama seensaa gara low bridge yaadichi akka bitaa isaanitti gale kan ibsan yommuu ta'u, mallattoo fi quunnamtiiwwan irratti fooyya'insi akka taasifamu gorsaniiru.
- Baay'een isaanii imaloota waldhaansaa fi ariifachiisaa ta'an (muddamsa kan fayyaa, maatii ykn maallaqaa) fi hayyama seensaa hojjetaa waldhaansaaf tumsa isaanii ibsaniiru.
- Kanneen murtaa'an ammoo tikeetiiwwan low bridge yeroo muddamsa dhimma waldhaansaatti fudhatamaniif adeemsa abba baafannaa si'ataa ta'e gorsaniiru.

"Dhorkamuun Lower bridge cuccufamuu tiraafikaa ol'aanaa, daangeffamuu sochii, yeroo dheeraa daandiiirra turuu, fi adabbii akkasumas akeekkachiisawwan hin barbaachifne uumeersa."

- Hirmaataa Sikko Mando Relief Association Focus Group

» Waa'ee dhimma kanaa maal akka hojjechaa jirru

- Hojjetoota waldhaansaa fi dhukkubsattootaaf, riistoraantotaa, fi biiznasiiwwaniif hayyama seensaa kan yeroo gara low bridge'tti babaldhifnee jirra. Namootni low bridge'tti fayyadamuu isaaaniin dura ulaagaalee guutamuu qaban guutuu, iyyachuu, gabatee hayyamaa dhiyeeffachuu, fi SDOT'n fudhatama argachuu qabu. Iyyata hayyama seensaaf kanfaltiin gaafatamu huin jiru.

4. Jiraattotnis iftoominni fi quunnamtiin low-tech akka dabaluu waamicha taasisaniiru

Hirmaattotni hawaasaa fi biiznasii hedduun waa'ee Sagantaa Riqicha Lixa Siyaatil fi tattaaffilee Lixa Siyaatil deebisanii quunnamsiisuu quunnamtiin jiru akka dabaluu barbaadu.

Gufuuwwan Teeknoolojikaalaa: Miseensotni hawaasaa carraa ykn beekumsa kompiyuutaraa hin qabne, sochii kana keessa turuudhaaf meeshaalee baay'inaan low-tech ta'anii fi maxxanfaman gaafatu. Gorsii isaan kennanis:

- Filaayeroota maxxansaa ijaan ilaalaman wayitaawaa ta'an fi carraa galtee qaban, guutummaa hawaasa Lixa Siyaatil keessatti maxxanfamuu fi raabsamuu.
- Ergaa odeeffannoo wayitaawaa jiraattotaaf.

Gufuuwwan Afaanii: Jiraattootni Afaan Iligiliffaa hin dubbanne ykn kanneen sababa afaaniin qoodaman akka dubbatanitti qabiyyeen barreeffamaa ulfaataan hubachuuf nama rakkisa jedhu; waa'ee qabeenyaa fi qajeelfama dhimma afaaniin beekumsa dhabuu isaaniitiin yeroo muddamsa waliigalaa (balaa uumamaa) hawaasa keessatti maal gochuu akka qaban ilaalchisee sodaa qabu. Kana furuuf, gorsii isaan kennan:

- Jiraattota sababa afaaniin ykn hawaasummaan adda baafamaniif, karaa dhimma raawwachiiftota hawaasaatiin odeeffannoo wayitaawaa bilbilaa fi barreeffamaa.
- Ergaa yaada waliigalaa dabarsuuf afaanota hundaatiif, suuraalee fi viidiyoo wayitaawaa fayyadamuu.

Gufuuwwan Iftoominaa: Deebistootni hedduun yaada galtee ta'u akka dhiyeessan gaafatamuu isaanii ibsanii, ta'us, galteen isaanii murtii kennuu irratti akkamiin akka dhiibbaa geessisuu fi dhiisuun isaa ifa isaaniif hin taane. Kana furuuf, gorsii isaan kennan:

- Odeeffannoo wayitaawaa miidiyaa naannichaa fi afaan isaanii (broadcast fi digital) idilee.
- Qophiilee hirmaannaa uummataa itti fufiinsa qabu (qaamaan, qabatamaan, gabaabaa), afgaaffii tokko-tokkeen, fi gareewwan xiyyeeffannoo (focus groups).

"Rakkoon as jiru gufuu afaanii fi gufuu barnootaati. Namoota gara marsariitichaa haala kamiin akka deemamu hin beekne baay'ee jira. Namoota akkanaatgiif akkamiin mijeesita?"

- Jiraataa High Point

"Lixa Siyaatil keessatti akkan waan irraanfatametti natti dhaga'ama. Namootni akka "nuyi akka adda baafannu" ntti himaa akka jiranii fi meeshaa keenya waliin akka nu dhiisanitti nutty dhaga'ama."

- Jiraataa Delridge

» Waa'ee dhimma kanaa maal akka hojjechaa jirru

- Sarara bilbila sagalee SDOT's abbaa afaan hedduu jalqabsiifneerra.
- Hubannoo waliigalaa sadarkaa piroojektichaa fi dalagaalee fooyyessaa jirra. Kunis waa'ee waan hojjetamaa jiruu fi maaliif akka hojjetamaa jiru ibsa dabalataa kennuun dha.
- Marii hawaasaa banaa qabatamaa turjumaanota waliin qopheessuu itti fufuun.
- Jijjiramoota mul'achaa jiran mul'isuuf suuraalee fi viidiyoowwan dabalataa qopheessuun.
- Maxxansaalee namoota bira gahan (flyers, posters, ergaa kallattii) dabaluuun.



[Sirna dammaqiinsa](#)
[Dhimmoota Muddamsaa](#)
[Alert Siyaatiliif](#)
[miseensotni hawaasaa](#)
[iskaan gochuu ykn as kana](#)
[cuqaasuu ni danda'u.](#)

5. Tarkaanfiin sosochii fi eegumsa nageenyaa ooyyessuun Lixa Siyaatil, hawaasa baldhaa Siyaatil waliin deebisanii quunnamsiisuuf ni gargaara.

Walumaagalatti, hirmaattotni fedhiin baay'ee ariifachiisaa ta'e, sochii tiraafikaa sarara jijjiirraa daandii jiru, kan yeroo daangessi COVID-19 wayita ka'u, hojiin qaamaan seenamee hojjetamuu fi manni barnootaa banamu muddamu sana hir'isuu akka ta'e isaanitti dhaga'ama.

- Jiraattotni imala xiqqoo/gabaabaa taasisuuf yaalaa jiru, garuu, sababa hojiitiin, giroosariwwan gatii madaalawaa ykn aadaa isaanii waliin deemuuf, beellamoota waldhaansaa, miseensota maatii gargaaruuf, tajaajila baankii, tola ooltummaa, kunuunsa daa'ima, tajaajilawwan amantaa, fi hiriya fi maatii daawwachuuf Lixa Siyaatil irraa ni bahu.
- Jiraattotni hedduun weerara dhukkubichaan dura awtoobisii ykn carpool fayyadamaa turan yeroo ammaa kana, gara konkolaataa dhuunfaatti cehaniiru, akkasumas yeroo weerarichaatti baay'een isaanii nama isaan hin beekne waliin vanpool akka hin seenne hubataniiru.
- Beekumsa 'official carpooling' baay'ee baageffamaa dha. Ta'us, hirmaattotni hirmaattotni hedduun ollootaa fi miiltoowwan hojii isaanii waliin ta'uun jajjabeessituwwan kanneen akka imala saffisaa, qusannaa maallaqaa fi carraa seensa low bridge yoo jiraatan jedhanii fedhii qaban ibsatanii jiru.
- Baay'een isaanii Lixa Siyaatil keessa kana caalaa miilaan imalaa jiru. ta'us, dabaluu sochii tiraafikaa, dagannoon konkolaachisuun, fi xiyyeeffannoowwan eegumsa nageenyaa fakkeessaa hojii ijaarsaa kan lafoo deemtotaa himatu.

- Deebii kennitootni hedduun akka ibsanitti gufuuwwan itti fayyadama saaykili ykn iskuutarsi, kunis ijaarsa qarqara daandii qabatee hojjetamu, sodaa miidhamaa, baasii, yeroo, fi mijachuu diduu hojii guyya guyyaa eeraniiru. Addatti, maatiiwwaniif, tooftaaleen kunneen mijatoo ta'anii hin mul'anne.
- Namootni murtaa'an tooftaalee karoora imalaa fi marsariitiwwan kanneen addatti, imalawwan karaalee lama qaban dabalataniifis, kan bitaa namatti galan ykn fayyadamuuf kan ulfaatan, akka ta'anitti yaada nuf qoodaniiru.

"Ani bakka hojii deemuuf nawtoobisiin fayyadama ture, garuu, sababa COVID'tiin nan dhaabe. Sababa COVID'tiin gara hojii fi iddoo hojiitii anumatu konkolaataa oofa. Bakka hojii dhaquuf fi hojiirraa bahee mana gahuuf sa'aatii lamaa fi walakkaa gubuu hin barbaadu."

- Jiraataa High Point

"Dhiyeessiiwwan hunda kana awtoobisii ykn Iskuutarsi ykn Saaykiliin baachuu hin dandeenyu. Konkolaataa keenya kan barbaadnu sababa 'gentrification'tiin dha. Nuyi walirraa fagoo jiraanna. Dhimma mana jireenyaa yoo nuuf sirreessitan malee tooftaa biraan hin jiru."

- Miseensa Gosa 'Indigenous' & Hojjetaa Ijoo

» Waa'ee dhimma kanaa maal akka hojjechaa jirru

- Sarara daandii jijjiirraa sanarra fooyyessawwan piroojektii 200 ol hojiirra oolchineerra. Kunis, daandii lafoo deemtotaa haala nageenyi isaanii eegameen daandii ceesisu hedduu dabalateetu.

Waa'ee Sagantaa Riqicha Lixa Siyaatil odeeffannoo wayitaawaa argachuuf, gaazexaa keenya subscribe godhaa. Gaaffilee ykn yaadolee qooduu barbaaddan qabduu? Lakk.bilbilaa (206) 400-7511 ta'een ykn WestSeattleBridge@seattle.gov 'tiin nu quunnamaa.



Ibsaa fi Galata Fakkii Fuula Qolaa

Top Image: Tiraanziitii RapidRide Transit kan Lixa Siyaatil keessaa; The Vida Agency

Bitaa Garajalaa: Sarara Daandii Lixa Siyaatil kan tiraanziitii sarara hedduu qabi waliin; SDOT Flickr

Mirga Garajalaa: Miseensotni hawaasaa Georgetown waa'ee bu'uuraalee misooma mari'achaa; SDOT Flickr